Bibliani Ijoolee

D'aloota Yesoo Isaani d'uftini

Nami t'aafe: Edward Hughes

Ka choore: M. Maillot
Alastair Paterson

Ka afaani deebise: Christian Lingua Translation Agency
Christianlingua.com

Ka gadi deebise: E. Frischbutter; Sarah S.

Odu 36 ta 60 keessa

www.M1914.org

Bible for Children, *PO Box 3, Winnipeg, MB R3C 2G1 Canada*

Lesana: Atini d'uga odu tana irra baafatteni yokhaani gadini baafattu hinqabda ammo hingurgurini.

Borana



Maleekkani duuba Mariamu akka dubrini isa Elisabetini ganna isi ka jarruma keessati daima argatte itti himte. Tunilleni huji mama. Eeguma suni, Mariamuni olla Elisabeti ilmaltu deemte. Worri Waaqa wolini faarse.



3

Mariamu namicha Yusufu jed'aani tokkotti kad'ate. Yusufuni guddo hamtu d'agae gaafa Mariamuni ya ulfatte d'agae. Inni waan nami d'iira d'iibini d'ale sehe.

4

Obju keessatti, maleekkani Waaqa Yusufu akka daimi kunini Ilma Waaqa itti himte. Yusufuni Mariamu Yeso qorqorachu qarqara.



5

Yusufuni Waaqa abdate salfateefi. Inni ammalle aada lafa isa jalaatti bule. Marro aada harettitifi, isaafi Mariamuni diira worra, Betlehemutti galani,

akka daamosa baasani.

6



Mariamuni daima isi argachiti kurfo jirti. Ammo Yusufuni mina keessa taani d'abe. Mini keessumaa ch'ufti miju.

7

Yussufuni duba mona argate. Achiitti, daimi Yesoni d'alate. Haati isa gombo,fula hori itti gololchani, keessa rafifte.

8

Achi d'aattu, tissittutti hori isaani ka raafu tissa. Maleekkani Waaqa itti mullaatte odu dansa mama itti himte. "Arra diira Daudi keessatti Baasani ka Kristo Aabbo jed'aani ya isani d'alate. Isani Daima gombo keessa rafisani agartani."

9

Hojuma suni, maleekkani hedduni d'ibini ta bibilitt'u mullatte, Waaqa farsite.

10

Tissituni gara mona horiite. Eegi Daima argani worri nama arge ch'ufa waan maleekkani gubba Yesoo dubbaate itti himte.

11



Guyya afurtama eegi suni, Yusufufi Mariamuni Yeso mina Waaqa ka Yerusalemuttini d'ufani. Nami tokko ka Simeoni jed'aani Waaqa faarse marro Daimatifi, jaartini Anna jed'ani ta isilleni ergattu Aabboo, galata galchite.

12



Jari lachu, akka Yesoni Ilma Waaqa, ka Baasa khakhatani, himbeekhani. Yusufuni simpire lama akka sorio baase. Tunini keenamsa nami hiyyessi akka aada Waaqa gula Waaqaa baasu male hojja daima hareessa Aabboo baasani.

13

Eegi suni, urjini jabduni tokko worra Wo Beekhu ka lafa Ilboruti Yerusalemu d'ufe

qajeelchite. "Me inni Hayyichi Yahudii ka d'alete?" jed'aani gaafatani. "Nu isa guddissu feena."

14

Hayyu Herodeni waan worra Wo Beekhuu d'agae. Guddo sodaate, inni worra akka hojja Yeso argani isaalletti himani. "Nalleeni Isa guddissu fed'a," Herodelleni jed'e. Ammo inni d'ara dubbatte. Herodeni Yeso ijjessu fed'e.

15

Urjini worra Wo Beekhu fuluma mina Mariamufi Yusufuni Daimani wolini taanitti geessite. Guddissitiifi duraatti jilbifatani, worri ilmaltuu d'ufe Yeso keennamsa worqitiifi qaayya ka gati guddo keennefi.

16

Waaqi akka worri Wo Beekhu d'oosani worra ufitti galu gorse. Herodeni dallane. Marro Yeso ijeecha murateefi, hayyichi dabdichi sunini daima d'iira ka Bethlehemu keessa jiru ch'ufa fit'e.

17

Ammo Herodeni dandae Ilma Waaqa woma hintochine! Obju keessaatti itti himnani, Yusufuni Mariamufi Yeso Misriitti baqachise.

18

Eegi Herodeni due Yusufuni Mariamufi Daima Misri gadi rare.



Worri dira diqa Nazareti jed'ani, ka afaani galaana Galilayaa qubatani.

19

D'aloota Yesoo

Odu tokko ta Dubbi Waaqa, Bibliaa,

Fula keessatti argani

Matayo 1-2, Luka 1-2

"Fuloni Dubbi teeti ibse keenniti."
Faaru 119:130

Waaqi akka nu waan hamtu hojjanne himbeekha, ta inni ch'ubbu jed'uuni. Gatini daba duisa.

Waaqi guddo si jaalata Inni Ilma Isa erge, akka inni Maskali irraatti due gati teenna baasu. Yeso akka jiraataa d'ufe Gubbaattiitti gale. Ammantana Waaqi dandae ch'ubbu teenna nuu araarama.

Yo atini ch'ubbu tante irra deebite, waan kana Waaqani jed'i: Waaqa kiyya, Anini hind'ugefadd'a Yesoni marro tiyyaafi due ammalle arralle hinjira. Si kad'ad'a jireenna kiyyaatti d'iadd'i ch'ubbu tiyya na araarami, akka anini jireenna haraa ammantana argadd'e, duuba haga jiru jireenna si wolini jiradd'u. Akka anini akka Ilma kankeeti si jiraadd'u na dandeessisi. Amin

Biblia soomi Waaqani wolini hasai guyya ch'ufa!